# GUYYAA FILANNOO DURSANII FILUU

VOTE 2025

*Minnesootaa keessatti, hanga Guyyaa Filannootti eeguu hin qabdu—vote early with an absentee ballot!*

## *KALATTIIN DURSII FILI*

Guyyaa 46 Guyyaa Filannoon dura bakka waajjira filannoo ganda keeti filannoo kee gochuu ni dandeessa. Sa'a fi bakkoota isaa beekuuf mnvotes.gov ilaali.

## *DURSII KARAA MANA POOSTAA FILI*

Akkasumas, waraqaa filannoo bakka filmaataatti utuu hin argamin ittiin filan karaa mana poostaa akka si ergamuuf gaaffachuu ni dandeessa.

① Wagaa sana keessa yeroo kamiyyuu waraqaa filannoo karaa mnvotes.gov tiin gaafachuu ni dandeessa. Qondaaltoti filannoo filmaataaf wantoota barbaachisan oggaa waraqaan filannoo qopaa'utti siif ergu (guyyaa isaa baruuf duuba isaa ilaali).

② Qajeelfama waraqaa filannoo waliin dhufe eeganaan dubbisi! Yoo unkaa hundaa sirriiti hin guunne ta'e waraqaan filannoo kee hin lakaa'amu.

③ Ogaa filtuu fi waraqaa filannoo kee guutu dhuga baatuu si barbaachisa. Dhuga baatuun kun nama Minnesootaa keessatti filuuf galmaa'e ykn ragasiftuu (notarii) dha. Dhuga baatuun kee poostaa filannoo isa adi irratti mallatteessu fi teesoo irratti katabuu qaba.

### GUYYOOTA 2025

**FILMAATA DURSAA**
*Wiixata, Hagayya 12*

**GUYYAA FILANNOO UTUU ACHITTI HIN ARGAMIN FILUU**
*Karaa mana poostaa filmaata kee erguu ykn kallatiin Birraa 19 hanga Sadaasa 3ti fili.*

**FILUUF GALMAA'UU**
*Guyyaa Filannoo yeroo qusachuuf dursii hanga Onkoloolesa 14 ti galmaa'i.*

**GUYYAA FILMATAA**
*Wiixata, Sadaasa 4*

*duubarraan itti fufa...*

*Waajjira Barreessa Mootummaa Minnesota*
*mnvotes.gov • 1-877-600-VOTE*

# GUYYAA FILANNOO DURSANII FILUU

VOTE 2025

*...fuula duraa irraa itti fufe*

④ Yoo filuuf hin galmoofne ta'e, iyyannoo ittin galmaa'an wantoota si kennaman keessatti argata. Galmaa'uuf, dhuga baatu keeti waraqaa eenyummaa qajeelfama keessatti tareefaman keesa tokko agarsiisi. Dhuga baatuun kee waraqaa eenyummaa isa kamiin akka itti agarsiifte poostaa mallattoo kee irratti mulisuun dirqama.

⑤ Erga fixxe booda, waraqaa filmaata fi unkaa hatattamaan karaa mana poosta ergi. Waraqaan filannoo kee yoo guyyaa filmaataa booda ga'e hin lakka'amu. Waraqaa filannoo kee waajjira filannoo si ergets deebisuu ni dandeessa.

## *WARAQAA FILANNOO KEE DUUKA BU'I*

Waraqaan filannoo bakka filmataati utuu hin argmin filan yeroon yoo ga'e fi unkaan hunduu sirriiti yoo guutame ni lakaa'ama.Haala waraqaan filannoo kee irra jiru hubachhu fi akka inni ga'ee lakaa'ame mirkaneefachuuf mnvotes.gov ilaali.

| *GUYYOTA 2025* | Filmaata Dursaa | Filmaata Walii Galaa |
|---|---|---|
| **Waraqaan filannoo yoom irraa eegale akka ergamu** | Jimaata, Waxabajjii 27 | Jimaata, Birraa 19 |
| **Kana dursitee yoo iyyate si gorsina** | Jimaata, Adoolesa 11 | Jimaata, Onkoloolessa 3 |
| **Guyya dhumaa waraqaan filannoo itti deebi'uu qabu** | Guyya Filmaataa Wiixata, Hagayya 12 | Guyyaa Filmaataa Wiixata, Sadaasa 4 |

*Waajjira Barreessa Mootummaa Minnesota*

*mnvotes.gov • 1-877-600-VOTE*